



Haleellaa gara jabeenyaa dorgommi hinqabne

Ajjeechaafi hidhaa mormitoota Oromoo Itoophiyaarratti

Cuunfaa

Humnootni tikaa mootumma Itoophiyaa mormii nagayaa nannoo guddicha Itoophiyaa - Oromiya guutu keessatti bara 2015 ji'a Sadaasati eegalee babaldhate ture ukkamsuuf tarkaanfii humnaa garmalee guddaafi hamaa fudhataniiru. Tilmaaman namootni dhibba afuri (400) ol ajjeefamaniiru. Kuma kurnaniin kan lakkayaman mana hidhaatti guuramaniiru. Dhibbootaan ykn kanaa oliin kan lakkayaman immo essa buuten isaani dhabameera.

Mormiin kun kan calqabe sadaasa 12 bara 2015 magaala xiqqoo Giincii jedhamtutti. Magaalli Giincii magaala gudditti Itoophiyaa Finfeeneera karaa kibba bahaan kiilometira saddeettama (80 Km) irratti argamti. Finfinneen ammoo naannoo guddicha Itoophiyaa - Oromiyaa keessati argamti. Naannoon Oromiyaa naanno sabni guddichi biyyatti - Oromoon tilmaaman miiliyoona 35 ta'u keessa jiraatuudha. Aangawoonni Giincii lafa investmentiif mijeessuuf jecha bosona laficharra jiru dursanii mancaasufi dirree kubbaa miilaas balleessuf murtee dabarsanii turan. Murteen angaawota kanaa uummata mufachiisuun mormii godinaale 17n oromiyaa hunda keessatti babaldhachuun mormii bakkeewwan dhibba afur (400)ti ta'eef sababa ta'e.

Akka ragaan ijaa jedhanitti humnootni tikaa mootummaa tuuta uummata hiriira nagaan gaggeessa turan irratti dhukaasa banuun jumlaan ajjeesa turan. Mormitoota heedduu mana hidhatti guurun reebicha cimaan dararaa turan. Dursanii hiriira nagaan mormuu kana kan calqaban barattoota sadarkaa 1^{ffa}fi 2^{ffa} waan ta'aniif bay'een mormitoota mana hidhatti guuramaniifi ajjeefamanii daa'imoota waggaa 18 gadiiti. Humnootni tikaa mootumma kan poolisii federaalaafi humna waraanaa Itoophiyaa dabalate akka fedhanitti barattoota, barsiisota, aartistoota, miseensitootafi gaaggeessitoota paarti mormitu, hojjattoota fayyaafi ummata ijoolle poolisi jalaa baqattuuf dawoo kennan hunda mana hidhaati guura turan. Namootni bayyeen yeroo murtaaye booda mana hidhaati gadi dhiifamanus namootni lakkoofsan ammatti hinbeekamne himata tokko malee, gorsa ogeessa seera tokko malee, gaffii maati tokko malee hanga yoona mana hidhaa jiru.

Gabaasni kun kan qindaaye gaaffiifi deebii namoota 125, ragaale ijaa, miidhamtootafi aangawoota mootumma irraa waaliti guurame bu'uurefateeti. Gabaasni kun taateewwan gurguddoo dhiitta mirga namooma yeroo mormiin Oromoo deema turetti jechuunis – dhuma bara 2015 hanga Caamsa bara 2016ti qaqqaban kan galmeesseedha.

Sadaasa bara 2015 keessa yeroo mormiin calqabameti gaaffiin mormitoota kan xiyyeefate yaaddoo adeemsa misooma motumman hordufu keessattuu karoora mootummaan daanga magala Finfinnee gara lafa naannoo Oromiyaati babaldhisuuf maqaa “Master Pilaani Misooma qindooya Addisaaba ykn Maaster pilaani” jedhuun dhiyeesse irratti ture. Yaaddoon mormitoota karoori mootumma kun qotee bultoota Oromo naannawaa Finfinne kan waggottan kurnan darbaniif lafaafi jiruu isaanirra buqqisaa ture garmale itti jabeessa kan jedhu ture. Misoomni akka kanaa qotee bultootaafi hawaasa nannoo garmalee miidhudhaan namoota muraasa mootummati kalaayan dureessa ture.

Mormiin cimee itti fufu hubachuun walakeesso ji’a Amajjii keessa mootummaan haala hin baratamneen master pilaani jedhame haquu labse. Yeroo Mootumman deebi kaana deebisetti garuu tarkaanfi gara jabeenya tiksitoonni mootummaa fudhataniifi bayyiina namoota lubuun darbaniif ol-ka’uurran kan ka’e dallansuun ummataa guddateera. Qotee bultoonniifi qaamni hawaasa hedduunis barattoota hiriira nagaa bayanitti dabalamuun komee babalddhaa gama dinagdee, siyaasaafi aadaa irratti lammiillen saba Oromo baay’een irratti waligalan kaasan.

Qorannoon tiksee mirga namooma(Human Rights Watch) akka muldhisutti humnootni tika mootummaa mormi Sadaasa bara 2015ni eegalee babaldhate ukkaamsuuf irra deddeebiin tarkaanfi humnaa hamaa tuuta mormitoota irratti dhukaasu kan dabalate fudhataa turan. Mormiitoonni baay’een akka jedhanitti humni waraanaafi poolisoonni dimshaashan uummata nagaa irratti ajaja of-eeggannoofi tooftaa miidhaa malee gurmuu ummataa ittiin bitteneessan (bishaaniifi rasaasa gommaarra hojjatame) tokkollee osoo hin fayyadamiin dhukaasa turan.

Humnootni tikaa idileedhaan namoota hiriira naga bayan hidhaa turan. Bakka hedduuti halkan kessa mana namootarra deemuun qabaa turan. Namoota ijoolle hiriirarratti hirmaataniif dawoo kennanis hidhaati guura turan. Xiyyeefannoon humnoota tikaa inni guddaan immo namoota hawaasa keessatti murteesso ta’an, kanneen akka sirbitoota, barsiisota, miseensa paartilee mormituufi namoota ciccimoofi bilchaatoo hawaasa keessa jiran mormii guddaaf kakaasanii qindeessu danda’u jedhamani yaadaman hunda toyanno jala oolchuu ture. Namoota mana hidhaatti guuraman kana keessa harki irra caalan daa’imoota wagaa 18 gadiiti. Namoonni mana hidhaatti guuraman hedduun gar-malee reebamaniiru ykn gidiramaniiru. Dubartootni hidhaman hedduun mana hidhaa keessatti humnoota tikaa mootumaatiin dirqiin gudeedamaniiru. Hidhamtoonni carraa gorsa ogeessa seeraa argataniifi maatiin akka daawwatamaniif hayyamameef garuu baayyee xiqoodha.

Namoonni bayyeen gabaasa kanaaf gaafataman humni mootummaan mormii kana ukkaamsuuf fayyadame hawaasa isaani keessati takka ta'ee kan hinbeekne ta'u dubbatu. Obbo Yooseef nama umurii 52ti. Godina Wallagaa Lixaa jiraatu. Taajjaabbii isaanii akanatti ibsu: "Ani jireenyakoo guutuu naannoodhuma kana jiraadhe. Garuu guyyaa takkallee gocha gara jabeenya akkanaa hawaasarratti dalagame argee hin beeku. Namni keenya guyyumaan hidhamas ajjeefamas. Maatii hunda keessa yooxiqqate ilmoon tokko hidhamteerti/hidhameera. Dargaggeessi hundi hidhaati guurameera, qotee bultoonni keenyas hidhamaniiru ykn ammoo doorsifamaniiru"

Mootummaan Itoophiyaa garuu mormitoonni kun paartilee biyyattin dhorkite wajjin hidhata qabuu jedha. Tooftaan kun mala baratamaa mootumman Itoophiyaa sochii uummata baldhaa ittin gatii dhowwatuudha. Hoggantoota paartiile karaa nagaa mormituu heddu seera ukkamsaa farra shorrorkeessumaatiin himateera. Obbo Baqqalaa Garbaa hoggana kabajamaa paartii mormituu Oromoo seeran galmaaye - Kongiresi Federaala Oromooti. Obbo Baqqalaan hoggantoota ol-aanoo paartiicha 23n seera farra shorrorkeessummaa Itoophiya jalatti ji'a afur erga hidhamanii booda himataman keessa isa tokkoodha. Obbo Baqqalaa Garbaan hoggana yeroo hunda mormii karaa nagayaa dhaadhessufi hirmaanna paartiin Kongiresi Federalistii Oromo filannoo biyyoolessaa gar-tokkoti jallate jiru irratti akka hirmaatuuf nama jajjabessa tureedha. Baratoonni karaa nagayaan Imbaasii mootummaa America Finfinnee jiru fuulduratti hiriira bayanis seera farra shorrorkeessuma kanaan himatamaniiru.

Humnootni tika moora barnoota sadarkaa calqabaati hanga yuunivarsiitii jiru hunda weeraruuran kan ka'e barnootni idilee dhaabbate ture. Barattoonnifi barsiisonnis hidhamaa waan turaniif barattonni gara mana barnoota deemu sodaata turan. Bakkee tokko tokkotti immoo angowonni mootumma mormi ka'uuf malu hambisuuf jecha mana barumsa yeroo gabaabaf dursani cufaniiru.

Tarkaanfiin gara jabeenya humnoota tikaatin fudhatame kun qaamuma miidhaa walirra hincinnee kan yeroo dheeraf mootummaan mormii nannoo Oromiyati itti ka'e ykn ka'uu danda'a jedhamee soodatamu ukkamsuuf fayyadamaa tureeti. Ji'oota Ebilaati hanga Waxabajji bara 2014 qofatti namoota dhiya Oromiyaatti master pilaanii mormuun hiriira nagaa bayan irratti humnootni tika mootumma deebii humnaa guddafi walhinginne fudhachuudhan namoota heddu ajjeesaniiru. Ajjeechaafi hidhaa bara 2014 qaqqabe irratti mootummaan biyya bulchu haga yoonatti qorannoo bilisaa gochuus ta'ee deeggaruu hindandeenye.

Mootummaan ittumaayyu bilisummaa dhabbilee miidiyaa Itoophiyaa duriyyu haala rakkisaa kessa turan irratti dhiibbaa guddaa geessisa ture. Keessattuu naanno Oromiyaati argachu carraa odeeffannoo guutummaati cufe ture. Baatii Bitootteessara kaase faasebookiifi miiyyaalen hawaasa biroon karaa odeeffannon ittin tamsa’u ta’uu hubachuun qaqqabinsa interneetii balleesse ture. Televisiyoonota saatalayitii biyya alarra darban kan akka OMN-Oromiyaa Miidiyaa Neetworkifa qilleensarraa butuurra darbee mana namoota dhuunfaafi dhabbile deemuun diishiwwan caccabseera.

Mootummaan Itoophiyaa himata namoota qulqullu irratti bane addan kutuu qaba. Akkasumas namoota seera malee mana hidhaa tursiifaman hunda gadi dhiisuun tarkaanfi humnaa guddaafi wal-hinginne kan humnotni tika mootummicha fudhatan irratti qorannoo amanamaa, bilisaafi ifaa gaggeessu qaba. Qaamota badii kana geessisan mara seeraan adabuu ykn mana murtiitti dhiyeessu qaba. Miidhamtootaafis kaasaa gayaa kaffaluu qaba. Tarkaanfiwwan kun wal-amantoo mootummaa Itoophiyaafi uummata Oromoo gidduutti barbaadamu deebisanii ijaaruuf heddu barbaachisoodha.

Tarkaanfiin gara jabeenya Itoophiyaan uummata Oromo irratti fudhatte kun hawaasa adunyaa irraas deebi cimaafi af-tokkee argachu qaba. Paarlaaman Awuroppa labsii jabaan gocha mootummaan Itoophiyaa uummata Oromo irratti dalage balaaleffatu labseera. Mana mare ol-aana Ameerikaa keessattis labsiin dhimma kana ilaalu tokko dhiyaateera. Labsiiwwan kun lachanuu hawaasa adunyaa tarkaanfii hamaa mootummaan Itoophiyaa uummata Oromoo irratti fudhate irratti gar-malee callisu filatan biratti waan addaati. Hacuuccan mootummaan Itoophiyaa geessisa jiru yeroo dheera keessatti tasgabbiifi hawwii misooma biyyaatti bala hamaa jala buusa. Kanaaf hawaasni adunya marti miidhaa Oromorra gaye kana irratti qorannoo amanamaafi bilisaa akka gaggeeffamuuf mootumma Itoophiyaa dhiibuun murteessaadha. Qorannoon biyyaaleessa dhiibbaa mootumma Itoophiyarra bilisa ta’a jedhamee kan hin eegamne waan ta’eef qaamoleen hawaasa adunyaa qoranno kanarratti hirmaachu qabu. Duma irratti deeggartoonni misooma Itoophiyaa marti karoorra gargaarsa misoomaa Oromiyaa keessati qaban irra deebi’anii ilaalu qabu. Gargaarsi mootummaa Itoophiyaaf godhammu kamuu kallattiinis ta’ee, al-kallattin ykn otoo hinbeekiin seera Itoophiyaafi adunyaa cabsuun ummata dirqiin jiruufi lafa isaarra buqqisuuf akka hin oolle mirkaneeffachu qabu.

Akeeka

Mootumma Itoophiyaatiif

Mormitoota irratti tarkaanfi humnaa walhingitne fayyadamuu

- Tarkaanfii humnaa wal-hingitne kan humnootni tikaa mootomma fudhatan irratti qorannoon amanamaa, bilisaafi ifaa akka gaaggefamu akka deeggartan. Qorannichi lakkoofsa namoota ajjeefamaniifi madayaanii, akkasumas haala tokkoon tokkoon ajjeechafi rukuttaan namoota madayani kun itti raawwatefi dhiittaa mirga dhala namaa humnootni tika mootumma yeroo sanitti raawwatan galmeessu qaba.
- Miseensotni humna tikaa mootumma yakka kana jechuunis humna garmalee guddaa mormitoota irratti fudhatan hundi loogii sadarkaa irra jiranii ykn angoo qabani tokko malee seeraf dhiyaatani akka adabaman.
- Akkuma seerri bu'uuraa fayyadama humnaafi meeshalee waraanaa motummoota gamtoomanii jedhutti qamootni seera kabajchiisanifi humnootni tikaa mootumma miseensotni isaanii marti tarkaanfi humna fudhachuun duratti barbaachisummaan isaa yeroo balaan dhugaafi hinoolle hamaan qaqqabuuf ta'e qofa ta'ufi yeruma sanayyu humna wal-hingitne fayyadamuun kan seeran isaan adabsiisu ta'uu isaa ajaja dabarsuu qabu.

Hidhaa seeraan alaa

- Namoota hanga yoonatti himata tokko malee hidhamaniifi kannen mirga bu'uuraa isaani kan akka bilisaan gurmaayufi hiriira nagaa bayuu egaa fayyadamaniif qofa himatamanis daddaffin mana hidhaati haahiikaman.

Humnaan gara dabarfamuu

- Maqaa namoota hidhamanii, bakkee itti hidhamaniifi odeeffannoo barbaachisu hunda maatii hidhamtootaatti daftani akka beeksifan.
- Angawonni dhimma gaaffiin dhabamuu ykn humnaan gara dabarfamuun namoota maatii isaaniirra dhiyaateef hundi gaaffi dhiyaatef saffisaan deebii kennufi odeeffanno haala namoota dhabamaniin walqabate akkasumas yaalii odeeffannoo kana argachuuf godhame hunda kennufi qabu.

- Namootni humnaan gara dabarfaman hundi dafaanii haahiikaman ykn yakka seerri beekuun haahimataman.

Qabinsa hidhamtootaa irratti

- Namootni toyannoo seera jala jiran marti yooxiqqate akkaataa seera qabinsa hidhamtoota haromfameen (Seera Maandeellaattin) qabamuun isaanii mirkaneeffamu qaba.
- Komeen mana hidhaa keessatti reebamuufi dararamuu hidhamtoota irra dhiyaatu hundi ifaafii loogii tokko malee daddaffin haaqoratamu. Angawonni dararaafi reebicha hidhamtootarran gayan sadarkaa aangoo hundarra seeratti haadhiyatan.
- Reebichaafi dararaan mana hidhaatti hidhamtootarra gayu ifattiifi mamii tokko malee haabalaaleffatamu. Sababni kamiyyuu hidhamtoota mana hidhaatti dararuufi reebuu seera qabeessa akka hin gooneefi ragaa haala kanaan argameen hidhamtoonni paartilee biyyattiin dhorkite deeggaru jedhaman haaloo bayuunis ta'e adabbbin kamu seera qabeessa akka hin taane ifatti uummataaf ibsu.
- Eegumsi seeraa mana sirreessaatti hidhamtootaf godhamu kan akka yeroo toyannoo jala oolanirraa kaasee gorsa seeraa argachuu, yeroo qorannoo gorsaan/gorsituun seeera isaani akka bira dhaabbatu gochuu, maatiifi ogeessota fayyaatiin akka fedhanitii akka gaafataman. Manneen sirreessa sadarkaa bu'uura manneen sirreessa adunyaa hin guunne hundi akka cufaman.
- Poolisooni federaalaa, humnonni ittisa biyyaa, poolisoonni naano, abbootiin murtiifi qaamonni seera kabachiisan marti leenjii qorannoo seera qabeessaafi seera qorannoo bu'uura mirga namooma eegan akka argatan mirkaneessu.
- Hidhamtoonni bakka hinbeekamneti akka hin hidhamneefi yeroo dheeraaf mana kophaati hidhuunis akka dhaabbatuuf tarkanfii barbaachisu hundi yaafudhatamu.
- Manneen toyannoofi sirreessa hundi qaamota bilisa ta'aniin akka hordofamaniif jecha dhabbileen mirga namooma bilisa ta'aniifi tiksitoota mirga namoomaan akka daawwatamaniifi dhorkaa tokko malee hidhamtoota waliin akka haasayaniif hayyamamuu qaba.
- Waligaltee danbii farra dararaa, gochoota gara jabeenyaafi kabaja namummaa cabsanii mallatteesu qaba.

Yaada ofii bilisummaan ibsachuu

- Towannoon mirga bilisaan socho’u gaazexessitoota biyya keessafi biyya alaarra kaayame akka ka’uufi naannole dhittaaan mirga namooma rawwatama jira jedhamanii himatamanis gaazexeessitoonni bilisaan akka deemani gaabaasan yahayyamamu. Homnootni tikaafi poolisoonni mirga bilisan socho’uu dhabbilee walqunnamtii akka hayyaman ajajamuu qabu.
- Dhaabbilee raadiyoofi televisiyoona qillensaarra butuu dhaabuudhaan gara fulduraattis raadiyoofi televisiyoonni kamuu akka qillensarra hin butamne ifatti waada ummataaf seenu qaba.

Miidhaa karoora misoomaatin walqabatan

- Ummata naanno misoomni itti gaggeeffamu keessa jiraatan wajjin mare ifaafi banana godhamu qaba. Keessattuu yeroo misoomni yaadame akkuma master pilaanii Finfinnee qote bulootaafi jiraattota lafa isaaniirra buqqisuu malu dursanii mariisisuun murteessadha.
- Hawaasonni jiruu isaanirra buqqayan marti yoo dandayame akka lafa isaniiratti deebi’an, yoo haalli hin hayyamnemmo lafaafi qabeenya uumamaa daangaa isaani keessatti argamu kan kunuunsa turan hundaaf beenyaan gayaan kaffalamuu qaba.

Mana murtii Itoophiyaatiif

- Ragaaleen: jechoonni, ceephuunifi oduuwwan hidhamtoota reebuufi dararauun argaman hundi seera fuldurratti akka ragaatti fudhatama akka hin arganne mirkaneeffamu qaba. Yeroo ragaan dhiyaate dirqiifi reebichan kan argame ta’u iyyannoon dhiyaate, aangawonni haala ragaan dhiyaate itti argamee ibsuudhaan iyyannichi akka ilaalamu gochuu qabu.
- Iyyannoon reebichaafi dararaa hidhamtootarra dhiyaatu yeroodhaan sirriitti akka qoratamuufi iyyattoonni gocha irratti raawwatame himachuu isaaniif jecha haaloo bayumsa yeroo mana sirreessatti deebi’an isaan eeggatu irraa akka eegaaman mirkeneeffamu qaba.

Kaawonsilii mirga namooma mootummoota gamtomaaniitif

- Tarkaanfiin humna garmaleen mormitoota irratti fudhatamaa jiru dafee akka dhaabbatu, dhiittan mirga dhala namaa akka dhaabbatuufi angawooni yakka ajeechaafi miidhaa ummata irratti ajajaniifi raawwatan hundi itti gaafatama akka fudhataniif dhiibbaa gochuu qabu.
- Namootni yeroo mormii Oromoo hidhaman marti, miseensonni partilee mormituu, gaazexeessitoonnifi namootni seeran ala hidhamani seera yakkaafi seera farra shororkeessummaan himataman marti akka gadi dhiifamaniif ifatii waamicha gochuufi keessanis dhiibbaa cimaa gochuu qabu.
- Angawonni Itoophiyaa qaamolee mirga namooma mootummoota gamtoomanii (UN)fi gamtaa Afrikaa barreesaa mootummoota gamtomaani addaa: kan dhimma dararaa, gocha gara jabeenyaafi kabaja dhala namaa cabsaniifi dhimma nagayaan walgumeessuufi hiriira nagaa bayuu, akkasumas garee hidhaa seeran alaa qoratan akka Itoophiyaa daawwataniif afferra akka godhuuf dhiibban godhamuu qaba.
- Tarkaanfii humnaa wal-hingitne kan humnootni tikaa mootomma fudhatan irratti qorannoon amanamaa, bilisaafi ifaa akka gaaggefamu akka deeggartan. Qorannichi lakkoofsa namoota ajjeefamaniifi madayaanii, akkasumas haala tokkoon tokkoon ajjeechafi rukuttaan namoota madayani kun itti raawwatefi dhiittaa mirga dhala namaa humnootni tika mootomma yeroo sanitti raawwatan galmeessu qaba.

Deeggartoota Mootomma Itoophiyaatiif

- Motummoonni michuu mootomma Itoophiyaa ta’an marti tarkaanfiin humna garmaleen mormitoota irratti fudhatamaa jiru dafee akka dhaabbatu, dhiittan mirga dhala namaa akka dhaabbatuufi angawooni yakka ajeechaafi miidhaa ummata irratti ajajaniifi raawwatan hundi itti gaafatama akka fudhataniif dhiibbaa gochuu qabu. Tarkaanfiin amanamaan mootomma Itoophiyaatiin fudhatamuu yoobaate, qorannoo adunyaawan bilisni akka gaggeeffamuuf dhiiba gochuunis murteessadha.
- Keessattu dhaabbileen gargaarsa poolisii federaala, naannofi humnoota ittisa biyya Itoophiyaatif godhan marti komee dhiitta mirga namooma dhaabbileen kun yeroo mormii Oromoofi manneen sireessaatti geessissan gadi fageenyaan qorachuun, gargaarsi isaan godhan yoomille dhiitta mirga namaaf akka hinoolle mirkaneeffachu qabu.

- Namootni yeroo mormii Oromoo hidhaman marti, miseensonni partilee mormituu, gaazexeessitoonnifi namootni seeran ala hidhamani seera yakkaafi seera farra shororkeessummaan himataman marti akka gadi dhiifamaniif ifatii waamicha gochuufi keessanis dhiibaa cimaa gochuu qabu.
- Adeemsi mana murtiitti hidhamtoonni mirga isaani fayyadamuu qofaaf yakkamanii hidhaman ittiin ilaalaman fooyya'uufi cimuudhaan sadarkaa mana murtee aduunyaawa bu'uura guuchu qaba.
- Dararaa, qabinsa gadheefi dhiitta mirga dhala namaa motumman hidhamtootarraan geessisu irratti ifattis ta'e qunnamtii dhuunfa mootummicha wajjin qaban mara irratti yaaddo akka qaban ibsuu qabu.
- Dhaabiile namoomafi tiksitoota mirga namoomaf akkasumas dippilomaatonni hidhamtoota hiriira nagaarra qabanii seeran ala hidhaman akka hordofaniifi akka fedhanetti mannen sirreessa dawwachuun akka hayyamamuuf irra deddeebiin gaaffi mootumiichaaf dhiyeessu.
- Mirga bilisaan gurmaayuufi yaada ofii bilisaan ibsachuu irratti yaaddo qaban ifattis, qunnamtii dhuunfa mootummaa Itoophiyaa wajjin qaban irrattis kaasudhaan dhiittan mirgoota kana misoomaafi nageenya biyyattii akka dadhabsiisu ibsuu qabu.
- Gargaarsi fayinaansi kallattiis ta'e al-kallattii, gargaarsi dipiloomaasiifi tekinikaa kamiyyuu investmentii naannawaa Finfinneetti godhamu namoota jiruufi lafa isaanirra buqqisuu waan danda'uuf hanga mootummichi dhiitta mirga namooma kanaan dura naanno sanatti gayan qoratee tarkaanfi sirreessu fudhatuufi badii gara fuulduratti gayu hambisuuf waada galuti, gargaarsi bifa kamiyyuu akka hingodhamne mirkaneessu qabu.
- Angawonni Itoophiyaa qaamolee mirga namooma mootummota gamtoomanii (UN)fi gamtaa Afrikaa barreesaa mootummoota gamtomaani addaa: kan dhimma dararaa, gocha gara jabeenyaafi kabaja dhala namaa cabsaniifi dhimma nagayaan walgumeessuufi hiriira nagaa bayuu, akkasumas garee hidhaa seeran alaa qoratan akka Itoophiyaa daawwataniif affeerra akka godhuuf dhiibban godhamuu qaba.

Angaawota Keeniyaa, Sudaani, Gibtsii, Jibutii, Somalilaandiifi Somaaliyaatif

- Oromoonni haleella garajabeenya mootumma Itoophiyaa jalaa gara biyya keessanitti baqatan marti gaaffiin koolu galtummaa gaafatan dafee akka ilaalamuufi balaa itti aggamamerra dawoo akka argatan.

Investarootaaf

Namoonni ykn dhabbileen Itoophiyaatti Investmentii goochuuf yaadan kana mirkaneeffachu qaba:

- Miseensonni hawaasa, qotee bultoonniif horsiise bultoonni lafa misoomni irratti rawwatuuf deemuu irra jiraatan dursanii mariisifamufi beenyaan gayan akka seerri Itoophiyaafi dhabbileen aadaa hawaasicha jedhutti kaffalamuu isaa.
- Qorannoon dhiibbaa naannoo gaggeessun balaan investmentichi naannoo sanarraan gayuufi malliifi tooftan balaan sun ittiin xinnaatu lafa kaayu. EIA-qorannoon dhiibbaa naanno godhame hawaasa kallattiin tuqamuufi hawaasa biroofis bifa argamuu danda'uun gadidhiisu.